# Finciila Xumura Garbummaa Galmaan Gahuuf

Qerroon haala qatamaa yaroo irrattti hundeefamee dammaqinsaa guddaan, siyaasaa bishaataa fi oggumaa hiriyyaan hin qabneen Finilicila Diddaa Garbummaaa hoogganuudhaan qabsoo bilisummaa Saba Oromoof injifannoo boonsaa gulantaa duraa galmeessee jira. Injifannoon kun seenaa qabsoo bilisummaa keessatti olaanaa qabaatee bara baraan kan yaadatmu akka tahe mamiin hin jiru. Qabsoon Fincila Diddaa Garbummaa yaroo gabaaba kana keessatti injifannoo argamsise keessaa xiqqoo xuqquuf:

1. Qabsoo kana karaa nagaa geggeessuudhaan gargaarsa siyaasaa fi diplomaasii gabbataa saba Oromoof biyya lafaa irratti akka argatu gochuu danda'u.
2. Mootummaan TPLF saynii balfatuu fi faashituu tahuu ifatti saaxila baasuu
3. Humnoota Oromoo faffaca'ee jiruu biyyaa keessaa fi alaa tokko godhee akka qabeenya isaa beekumsaa isaa, dandeetti isaa fi human isaa tokko godhee diina isaa duraa kan tahe Mootummaa TPLF irratti xiyyeefatu gochaa dha.

Mirgi cucculuqaan kun hunduu tola hin argamnee. Wareegamni qaaliin itti bahee jira. Gudaataa fi gudatuun ilmaan Oromoo, jaarsaa fi jaaratiin Oromoo dhiiga isaanii itti lolaasanii ti. Dhiiga ilmaan Oromoo dhangala'e kanaaf gumaachuu kan dandeenyu yoo kaayyoo isaan kufaniif kana baakaan geenye duwwaa dha.

Fincila Xumura Garbummaa Galmaan Gahuuf tooftaa barbaachisuu irratti yaada qabnu waliif hiruun waan nagaa natti fakkaata. Akka hubannaa kooti qabsoon keenya kun sadarkaa lamaffatti tarkaanfachuu qaba. Kana booda qabsoon nagaan geessuu propogandaa fi siyaasaa jecha isaa durii caalaa oddeefannoo gochuudhaan qabsoon keenya gara diina of irraa faccisuu fi ittisutti yoo hin ceene booda gaabuuf teenya.

Ijoolleen Oromoo qalamaa fi kitaaba malee of harkaa hin qabne rasaasan akka'amaa jirti. Kaan bakka buuteen isa dhabamaa jira. Kumaataan mana hidhaa keessatti gidiraamaa irbaataa geergoo fi buusaa tahaa jiru. Kaan utuu baqatuu bineessi nyaata. Kan bishaanitti nam'anii dhumaa jira.

Akeekni TPLF syanii uummata Oromoo Oromiyaa irraa dugugee balleessuu karaa bifa qabuun deemaaf jira. TPLF akeeka kana guututti bakkaan gahuuf halkanii fi guyyaa karaa ifa taheen garaa laafna tokko malee akka uummata keenya irratti boba'ee jiru namni hin hubatnee hin jiru. Kana utuu agaruu kayyoon qabsoo keenyaa karaa nagaan ni raawwata jennee eegun of gowwomsu taha.

Diina keenya gami-gamoo waldhaansoo qabachuu akka hin dandeenye naaf gala. Meeshaa waraanaa baraa waan of harkaa qabuuf humni keenya wal hin madaalu ykn wal hin gitu. Meshaa waraanaa isaa caalaa kan nu hubaa jiru basaastotaa fi daballewwan OPDO diina kanaaf of kennee hojjechaaf jiran ni dha. Maqaa nama Oromoo kan dabarsee laatu, karaa, gaaraa fi laga Oromiyaa keessa jiru kan diinatti agarsiisu isaani. Yoo qabsoon keenya meeshaa diina isa duraa kan tahe basaastotaa fi dabellewwan OPDO kana yaroo gabaaba keessatti yoo hin laashesine(neutralize) wareegama guddaa baasuuf

deemna.Utuu ergamtoonni OPDO kun TPLF wajjin hin jiraannee waraanni Agaazii jamaa ulee jalaa butan taha. Gara itti galagaluu fi eenyuun akka lolu hin beeku.

Waan hunda caalaa barbaachisu ejjennaa murteessaa fudachuu dha. Waan uummatni keenya of harkaa qabu: haaduun, mancaan, eeboon , qotoon, xiyyi fi warri kana fakkaatan meeshaa lolaati. Harka qofaa mataa irra qabuu irra shimaluu meeshaa of irraa ittiin faccisani. Warra nu keessaa bahee, nu keessa taa'ee nu ficcisisaa jiru laashesuuf meeshaa sabni keenya qabu gahaa dha. Qabsoo keessatti qawwee fi meeshaa baraa suuta suuta diinni bakka laafa taate rukkutuudhaan uummatni diina hikachiise of hidhachiisaa deemuun waan hin hafne.

Jabinni uummata meeshaa caalaa gurmuu isaa ti. Diina injifachuuf gurmuun uummataa akka gurmuu kaanisaa wal qabachuu qaba. Kaanisi gurmuun guggatee, gurmuun qubatee waan isa muddate gurmuun qolatee dama akkasi mi'aahu kana tolsha. Kaanisi du'aan isa illee hadhaa qaba. Gurmuun titisaa utuu marsee hursuu dhimma tokko utuu hin baasiin akka baalaa harca'ee dhuma. Akka Waaqyyoo , Rabbi inni uummata Oromoo uume gurmuu titisaa tahuu irraa nu olshu kadhannaa keenya galgalaa fi ganamaa haa godhannu.

Biyya lafaa kana irra akkuma Charles Darwin jedhe jabaa fii kan jabaatee argameetu jirata. Yoo diina kana jabaannee har'a of irratti hin lollee hireen keenya fuula duraa maal akka fakkaatu hubachuun rakkisaa miti. Diinni kun diina of tullummaa fi walaallumaan dhiitaa'ee jiru dha. Ammali isaa kun lamaan balaa hiriyyaa hin qaqqabsiisuu akka danda'u kan isa godhani dha.

Utuu akka qabeenya meeshaa fi jabinaaf tahe Mootumaan Jiwuu uummata Palastaayiin biyya lafaa irraa dugugee balleesseera. Mootummaan kun meeshaa waraanaa keessa hundaa kan caalu human nukuleraa qaba. Mootummaan Ameerikaa meeshaa fi horii itti dhangalaasuudhaan akka ija isaa eegaa jira. Meeshaa baraa keessa kan rokeeta qolatu illee keneef jira. Kana malee Mootummaan Jiwuu kun keellaa dheeraa namni darbuu hin daneenye illee ijaarate. Garuu uummatni Palastayiin biyya isaa jiraachuu fedhii waan qabuuf Mootummaa Jiwuu meeshaa xiqqoo qabuun dura dhaabbatee biyya isaa irraa dugugamee baduu of olshaa jira. Yaroo mootummaan Jiwwuu uummata Palastayiin kummaatamaan ajjessu, uummatni palastayiin diina isaa irra kan dhibaan lakkawaman ajjessa. Kanfuu booyichi mana haadha Palastyiin dheesse duwwaa miti kan jiru. Bakka lachuu jiraachuun ummatni lamaan akka wal hubatan isaan godha. Uummatni Palastayiin murannoo waan qabaniif lafa uranii diina isaniiti bahuudhaan akka diinni isaanii raafee hin bulee fi akka yaaddoon jiraatu gochaa jiru.Haalli mul'ataan kun isuma Darwin jedhe mirkaneessa.

Haati Oromoo dheese yaroo boosse mankalaltu yoo kaan iskirta kan sirban tahe nama hin mararu. Tokkoo fi dhiba illee haa tahu wal dukkaa boo'uu fi gadduun wal nama hubachiisa. Walii gala dugugaa sanyii uummata Oromoo irratti deemaa jiru kana irraa baraaramuuf ejjannoo murteessan fudhatamee diinni isa duraa kan tahe akkuma ammaan kana godhamaa jiru of irraa ittisaa, diina of keessaa laashesaa, humna ittisaa ijaarachaa deemuun filmaata hin qabu.

**Injifannoo Uummata Oromoof**!

**Oromiyaan Ni Bilisoomti!**